

SAGALEE KENNUU MANA JIREENYAA HIN QABNE



////////////////////////////////////

Sagaleen kee sagalee keeti—galmaa'i, odeeffannoo argadhu, sagalee kenni!

MAALI TEENYA SAGALEE KENNUU?

Namoonni mana jireenyaa hin qabne teessoo bakka isaan hirriba itti fudhatanitti fayyadamuun sagalee kennuuf galmaa'u danda'u. Kun bakka hirribaa, mana firaati yookiin alatti ta'uu danda'a. Yoo ala ta'e, filatamaan teessoo isaa bakka bu'aa sanaa ibsa barreeffamaan foormii galmeessa filatamaa irratti tarii addaan barreessuu qaba. Fakkeenyaaf, “Paarkii Jefersanitti kaaba dhihaatti, daandii Winston Ave fi Smith St qaxxaamursi irratti.”

GUYAA FILANNOO DURA GALMEESSUU

Yoo guyyaa filannoo dura teessoo alaa fayyadamuun galmeessite, galmeen filatamaa kee 'qoratama' akka ta'uutti mallattoo godhama sababiin isaas godinaan teessoo daandii beekamaa mirkaneessuu hin dandeenye. Haa ta'u malee, sagalee kennuu ni dandeessa, garuu bakka filannoo keessatti guyyaa filannoo yeroo sagalee kennitu, bakka sana jiraachuu kee mirkaneeffachuu qabda. Galmeen kee guyyaa filannoo haga xumuraatti hojii irra ooluuf, guyyicha irraa ji'a lama dura galmaa'uu gaariidha.

itti fufa gama duubaa...

Waajjira Ministira Mootummaa Minisootaa
mnvotes.gov • 1-877-600-VOTE

SAGALEE KENNUU MANA JIREENYAA HIN QABNE

VOTE
I WILL
VOTE
2024

...itti fufe gama fuul-duraa

GALMEESSUU GUYAA FILANNOO

Guyyaa filannoo irratti galmaa'uu ni dandeessa. Teessoo kee mirkaneessuuf ragaa agarsiisuun barbaachisaa dha.

RAGAA TESSOO

Guyyaa filannoo bakka filannoo keetti galmaa'uuf, ragaa jireenyaa armaan gadii keessaa tokko fudhatuun dhiyaadha:

1. ID maqaa fi teessoo ammaa qabu
2. ID suuraa fi dokumentii maqaa fi teessoo ammaa qabu
3. Filatamaa galmaa'e teessoo kee mirkaneessuu danda'u
4. ID barataa yunivarsiitii wajjin liistii mana jireenyaa qabu
5. Galmeessa naannoo sana keessatti sirrii ta'e
6. Ibsa Galmeeffamee Qixeeffame
7. Hojjettoota mana jireenyaa

Yoo ala, mana hirribaa keessa, yookiin mana firaatti turte, ragaa teessoo sana mirkaneessu agarsiisuu danda'u hin qabdu taanaan. Yoo akkas ta'e, filatamaan naannoo kee irraa tokko bakka filannoo waliin deemee, bakka jiraattu mirkaneessuuf kakatee mallatteessuu ni danda'a.

Yoo mana hirribaa keessa jiraatte, hojjettoonni mana hirribaa waliin bakka filannoo deemee teessoo mana hirribaa keessa jiraachuu kee mirkaneessuu ni danda'u.



Koodii kana xuquu, mnvotes.gov dhaqii fi galmaa'ii sagalee kenni!